**Korri xiqqaan ABO Kutaa Kanadaa kan bara 2006 injifannoon Xumurame**

**Ebla 18, 2006 (Kaalgari, Kanada) –** Korri Xiqqaan ABO Kutaa Kanadaa kan bara 2006 Ebla 13 – Ebla 16, 2006 magaalaa Kaalgarii kutaa Alberta biyya Kanadaati bifa owwaa fii seena qabeesa taheen geggeeffamee injifannoon xumurame. Kora kana kan bifa addaa godhu yeroo ummanni Oromoo biyyaa fii alati harka wal qabatee mirga saba keenyaa kan humnaan sarbame deebifatee gonfachuuf qabsaawaa jiruudha. Sababiin Kora kanaatis 1) Kora xiqqaa ABO Kutaa Kanadaa, 2) Waggaa 10ffaa ABO Kutaa Kanadaa fii 3) Guyyaa Gootota Oromoo Kabajachuudha ture. Kora seena qabeessa tahe kanarrati miseenssonni ABO kutaa Kanada, Miseenssonni Caayaa Ummataa ABO biyya Kanadaa fii Keessummooni heddumminaan irraa hirmaatanii turan.




Ayyaana kanarrati Miseenssonni Gumii Saba ABO argamuun haala QBO ballinaan hirmaattota kora kanaatif ibsa bal'a godhanii turan. Ebla 13, 2006 hirmaattonni koraa hiriira nagayaa waajjiraa muummicha Minsteera Kaanadaa durati bahuudhan dhiittaa mirga dhala namaa kan Motummaan Wayyaanee Ummata Oromoo irraan gahaa jirtu balaalfachaa oolan.

Dhuma hiriira nagayaa tirrati bikka bu'oonni dhaabaa xalayaa muummicha ministera Stephen Harper riif barreeffamte tan rakkoo ummata keenyaa ibsituu fii garggaarsa mootummaan kanadaa mootummaa Wayyaanetiif gootu gaafii jala nayxu itti kennuun hiriirri guyyaa kanaa xumurame.



Ebla 15, 2006 guyyaa gootota Oromoo kan naannoo biyya lafati kabajamee oole sababii gochuudhan waaree booda sagantaan seena qabeeysa tahe kan walaloolee yaadannoo jaallowanii fii walleelee, geerraraafii kkf oromoota kora irraa qooda fudhataniin dhihaatee onnee ummata keenyaa ol kaasaa oole. Hiree tanati dhimma bahuudhan Oromoota addunyaa guutuu keeysaa guyyaa yaadannoo jaallowwanii gama Paltalkin kabajaa oolan suduudan kurfii tanarraa gama qilleensatin akka hirmaatan taasifame oole. Kurfii guyyaa jaallowanii tana waan hedduu miidhagse keeysaa hirmaanna miseenssota ABO kanneen cinaa umrii isaanii ol qabsoo hidhannoo irraa hirmaatan fii walliftoota Oromoo bebbeekkamoon irraati argamuudhan dhaamsa garaa garaa dabarsuudha ture.

Ebla 16, 2006 walgahii ummataa kan Kora kana Sababii gochuun waamame irrati Oromoonni biyya Kanadaa kutaalee adda addaa irraa dhufanii fii Oromoonni naannoo magaalaa Kaalgari argamuun ibsa miseenssi Gumii Sabaa ABO J/ Odaa Xasee haala QBO yeroo ammaa tana keeysa jirtu ifa argatan booda maree dheertuu geggeeysanii turan. Ibsa kennamee fii maree booda yeroon amma keeysa jirru yeroo Oromoonni harkka wal qabatanii waliin qabsoo sabaa keenya finiinsan tahuu hubachuudhan WBOf diinagge guddaa  gumaachanii oolan. Dhuma irratis Ibsa ejjannoo dabarfachuun walgahiin ummataa xumuramte.

Galgala Ebla 15 fii Ebla 16, 2006 Walliftooni Oromoo bebbeekkamoon  hirmaattota koraa ti fii hawaasa Oromoo kan kutaa Albertaa magaalaalee adda addaa keeysa dhufan booharsaa bulan. Galgala lameenu konyaalen adda addaa meeshaa garaa garaa bifa caalma baasitiin dhiheeysanii diinaggee QBOf burqisiisan.

**Ibsa Ijjanoo kora xiqaa kutaa Canadaa**

Nuti miseensonii ABO kutaa canada kora xiqaa magaalaa Calgary ti Ebla 13-16 adeeme irratti qabxiilee asii gaditti muldhatan:

1. Seenaa miseensoota ABO  kutaa Canada kan hoggaa 10 tif sochii qabso konyaalee keessatti raawataman
2. Xinxallaa gabaasaa hojjii kutaa canada kan bara 2006
3. Haala qabsoon teenya yeroo ammaa keessa jirtu,  sochii bifa gara garaatin godhamaa jirtuu fi tilmaama adeemsa fulduraa

irratti ibsa qoondaalota kutaa tif hogganoota miseensota gummii sabaatin laatame irratti gadfageenyaan marii dheeraa erga goonee booda  murtilee asii gaditti dhiyaatan kana dabarffanee jira:

1. Baroota kurnan dabran kana keessatti caasaa ABO kutaa keenya keessatti babal'isuu irratti hojiin raawwatamee fi injifannoon galmaawe boonsaa dha. injifannoo galmeeffannee jajjabeeffachaa hojii konyaalee jaaramanii daran cimsuuf jabinaan  hojjachuuf  murteefanne.
2. Hojii dhaabaa kan  kutaa kanaa  jajjabeesuudhaaf tartiiba hojii haaraya koree kutaatiin dhiyaate guututti fudhanne. Hojii irra oolchufis waan nurra barbaadamu hunda  gumaachuuf murteefanne
3. Dhaabni keenya ABOn Qabsoo  baroota dheeraaf gaggeessaa jiru keessatti lubbuu jaallan qaqqaali hedduu itti wareegee qabsoo teenya  arra sadrakaa murteessa irra akka geessu taasisuun  ummata keenyaaf injifannoo guddaa akka ta'e hubannee jira. injifannoolee hanga amma dhaaba keenyaan argaman jabeefannee qabsoo fuuldura keenya jiruuf  jabinaan qabsaawuuf irbuu teenya ni haarawoomsina.
4. korri kun kan hojii baroota dabranii ittin gilgaallu qofa osoo hinta'in kan jaallan lubbuu isaanii wareeganii arra sadarkaa kanaan nugahan itti yaadanuudha.

Gootota keenya kan kufan kabajaa guddaan yaadachaa kaayoo isaan irratti wareegaman san galiin gahuuf irbuu teenya ni haarawoomsina.

5. Sochii fincila diddaa gabrummaa ummanni keenyaa fi baratoonii oromoo biyya keessatti yeroo ammaa finiinsaa jiran dinqisiiffachaa, qabsoo boonsaa godhaa jirtan akka ciminaan itti fuftan isiin gaaffanna. Nutis gama keenyaan waan barbaachisaa ta’e hundaan qabsoo finiinaa jiru cinaa dhaabbachuudhan tinnisa nurra barbaachisu gummachuudhaf waadaa seenna.
6. Sochiin ummanni keenya biyya keessaa finiinisaa jiru hidda moottummaa wayyaanee sososee jira. Rifaatuu kana irraa kan ka’e moottummaan wayaanee tarkaanfii garajabeenyaa ummata keenya irratti fudhachaa jirti. Nuti miseensonni ABO kutaa canada gocha faashistummaa kan mootummaa wayyaaneetin ummata fi baratoota keenya irratti fudhatamaa jiru kana cimsineeti balaalleeffanna.
7. Miidhaan ummata kenya irra gahaa jiru naannoo baadiyaatti haala ija subqunamtii (media) adunya jalaa dhokataa ta’e keessatti godhamaa jira. ‘Media’n adunyaa miidhaa faashistummaa kan ummatta miliyoonaan lakkaawaman irra gahaa jiru kana jala deemanii saaxiluun dirqama oogummaa isaanii akka ta’e beekamaadha. Kanaafuu ‘media’n adunyaa dararaa ummatta oromoo irraa gahaa jiruu kana saaxiluudhan dirqama isaanii akka raawwatan gaaffachaa nutis sagalee ummatta keenyaa adunyaf dhageesisuuf bakka jirrutti sochii barbaachisaa akka goonu ni mirkaneesina.
8. Ummanni adunyaa miidhaa fi ajeecha ummata oromoo irra gahaa jiru kanaaf ilaalcha kennuu dhabuun isaanii hedduu akka nugadisiise ibsachaa, haalli kun akka dhaabbatu mootummaa wayanee irratti dhiibbaa akka godhan waamicha goona.

9. Sochiin dhaabni keenya karaa hidhannoo tif karaa diplomaasii hanga ammaa godhaa tureen injiffannoo guddaan galmeefamee jira. Keessattuu baroota lamaan dabran keessa hojiin karaa diploomaasii raawatamee fi injiffannoolee galmaawan ni dinqisiiffanna.

10. Tarsiimoo fi toofataa dhaabni keenya xinxilaa fi bilchina siyaasaatin ilaalee haala siyaasaa adunyaa, haala impaayera itoophia, gaanfa Africa fi bu’aa bahii qabsoon keenya keessa dabree ilaalcha keessa galchuudhan hojii irra oolchuuf yaada mariif nuu dhiyeesse dinqisiiffachaa tooftaan dhiyaates kaayyoo dhaaba keenyaa galiin gahuf rakkoo ummata keenyaatti furmaata gochuuf filmaata sirri akka ta’e ammannee fudhanne jira.
11. QBO galiin gahuuf dhaabni keenya tarkaanfii barbaachisaa ta’e hunda akka fudhattan gaaffachaa, nutis miseensonii kutaa canada tarkaanfii dhaabni keenya fudhatu hunda hojiii irra oolchuuf dirqama nurraa barbaachisu gumaachuuf waadaa seenna.
12. haala qabsoo biyya keessatti adeemu mijjeesuudhaf akkasumas qindoomina hojif akka aanjaa’utti yaadame biyya diinni oromia akka nubituuf isaa tollutti gargar nuciree irraa bifa addaatin godinaallee bu’ureeffaman sagalee guutuun fudhannee, fuldurattiis akka kanatti ittin hojjachuuf qophii ta’uu keenya ibsina.
13. haala murteessa qabsoon keenya yeroo amma keessa jirtu xinxala keessa galchuudhaan tumsa diinaggee fi sochii diploomaasii akkasumaas qabsoo

keenyaaf fira horuun murteessaa ta'uu isaa hubannee kan duraanii caalaa bakka jirrutti jabeesinee akka irratti hojjannu waadaa seenna.

14. Ummanni keenya yeroo ammaa kanatti qabsoon keenya sadarkaa murteessaa irra akka gahe xinxila keessa galchuudhaan sochii dhaabni keessan ABOn godhu dammaqiinsaan jala deemaa qooda keessaniis guumaachuuf akka qophooytan gaafanna.

Gadaan Gadaa Bilisummaati

IUOf

Walgahii Miseensoota ABO Kutaa Kaanaadaa

15/04/06
Kaalgary,Kaanaadaa